Talaallii fi Dandeettii Dhukkuba Ittisuu dabalu Kan COVID-19 Manatti Taasifamu Gahiinsa Olaanaa & Haqa fayyaa

Tilmaaman jiraattonni Isteeta Waashington dhibbeentan 30 talaallii COVID-19 guutuu akka fudhatanitti hin yaadaman. Ragaan talaalliin vaayirasii irraa akka ittisu agarsiisa. Talaalliin yoo isin vaayirasiidhan qabamtan, carraa dhukkubbii hamaa fi du'aa ni hir'isa, akkasumas ciisichawwan mana yaalaa vaayirasicha wajjiin wal qabatan hir'isuuf ni gargaara. Dandeettii dhukkuba ittisuu qaamni keessan vaayirasii gosa haaraa COVID-19 irratti qabu akka jirutti tursiisuu gargaaruf talaallii walitti fufaa fi doozii talaallii dandeettii dhukkuba ittisuu dabalu jalqabaa argachuun barbaachisaadha. Gorsi amma talaalliiwwan dandeetti dhukkuba ittisuu dabalan irratti jiru gabatee armaan gadii keessatti agarsiifameera:

Talaalliin walitti fufiinsa qabu kan jalqabaa xumurameera	Talaalliiwwan dandeettii dhukkuba ittisuu dabalaniif umurii eeyyamame.	Yeroon doozii jalqabaa kan isa dhumaa (hojiirra ooluu yeroo danda'e doozii dabalataa dabalatee) fi doozii talaallii dandeettii dhukkuba ittisuu dabalu gidduu jiru	Lakkoofsa talaalliiwwan dandeettii dhukkuba ittisuu dabalan
Pfizer-BioNTech	Waggaa ≥ 12	Ji'oota ≥ 5	1
Moderna	Waggaa ≥ 18	Ji'oota ≥ 5	1
Janssen	Waggaa ≥ 18	Ji'oota ≥ 2	1

Ofii keessanii fi namoota talaallii fudhachuu hin dandeenye irraa ittisuuf gargaaraa. Namoonni manaa bahuu hin dandeenye baay'een fedhiiwwan isaanii guyyaa guyyaan isaanii dhiyeessuu akka gargaaran namoota birootti amanu, namoonni biroo yeroo yeroodhan gara mana isaanii ni dhufu. Namoota biroo talaallii hin fudhanneen ykn daddarbii hawaasaa osoo hin beekin isaan quunnameen vaayirasichaaf saaxilamu.

Yoo isin ykn namni isin beektan mana bahuu kan hin dandeenye taatan/ta'anii fi talaalliin COVID-19 ykn kan dandeettii dhukkuba ittisuu dabalu isin/isaan barbaachise, filannoowwan armaan gadii keessaa tokkotti fayyadamuudhan har'a gaafadhaa:

• Tajaajiloota talaallii namoota manaa bahuu hin dandeenyef kennamu argachuuf abbaa taayitaa fayyaa naannoo keessaniitti bilbilaa.

• Tajaajiloonni talaallii namoota manaa bahuu hin dandeenyef kennamu akka isin barbaachisu isaan beeksisuuf Sarara Bilbilaa Deeggarsa COVID-19 Isteetichatti bilbilaa. 1-800-525-0127 ykn 1-888-856-5816 irratti bilbiluun # irratti cuqaasaa. **Hiikan afaanii jira!**

• Gareewwan talaallii sosocho'aan kan biyya fi/ykn isteeta jiran kan tajaajiloota talaallii namoota manaa bahuu hin dandeenyef dhiyeessuu ykn qindeessuu danda'an wajjiin isin akka qunnamsiisuf unka galmee sarara irraa armaan gaditti qabsiifame guutaa.

Geessituu Qo'annoo Gaaffii Talaallii Mana irratti taasifamuu kan Department of Health (DOH, Qajeelcha Fayyaa): https://redcap.link/WA_HomeBasedVax (Ingliffa)

Waa'ee tajaajila kanaa irratti gaaffilee yoo qabaattan, maaloo imeelii ergaa: covid.vaccine@doh.wa.gov.

Seenaa Sagantaa

Department of Health (DOH, Qajeelcha Fayyaa) talaalliiwwan namoota manaa bahuu hin dandeenyef kennaman kennuu kan eegale Bitootessa 2021. Qo'annoon Gaaffii Talaallii (Ingliffa) mana irratti taasifamukan DOH isteeta Waashington keessatti ganda 39 ni uwwisa. Namoonni iddootti talaallii kennan namoota talaalliiwwan fudhachuu jalqabaa fi dooziiwwan dandeetti dhukkuba ittisuu dabalan isaan barbaachisaniif gahuudhafi tajaajiloota kennuu itti fufu. Tajaajiloonni talaallii namoota manaa bahuu hin dandeenyef kennaman gara sarara bilbilaa gargaarsa COVID-19 irratti bilbiluun (1-800-525-0127 ykn 1-888-856-5816 irratti bilbiluun) afaanota dabalataatin gaafatamuu ni danda'u, itti aansun gargaarsa afaaniitif # irratti cuqaasaa.

Haqa Talaallii Fooyyessuu

Tajaajiloonni talaallii namoota manaa bahuu hin dandeenyef kennaman iddoowwan isteetaa talaalliiwwan itti argamuu hin dandeenyetti talaalliiwwan COVID-19 ni dhiyeessu. Kaayyoon tajaajiloota namoota armaan gaditti ibsamaniif haqa fayyaa fi talaallii COVID-19 guddisuufi:

- Kan manaa bahuu, hiriira irra dhaabchachuu ykn fageenya kamiyyuu deemu hin dandeenyef.
- Miidhaawwan qaamaa ykn sammuu kan qunnameef.
- Haalota fayyaa sammuu gahiinsa daangessan isaan muudataniif.

Tajaajiloonni namoota manaa bahuu hin dandeenyef kennaman iddoowwan isteetaa gammoojjiiwwan talaallii jedhamuun beekaman keessatti haqa fayyaa guddisuuf gargaaru. Gammoojjiiwwan talaallii kan jiraatan kanneen armaan gadii keessaa tokko dhugaa yeroo ta'e:

- Iddoowwan talaallii kan hin jirre yoo ta'e.
- Dhiyeessitoonni eegumsa fayyaa talaallii kennan kan hin jirannee yoo ta'e.
- Iddoo ji'oogirafii fi uummata jiran tajaajiluuf dhiyeessitoonni jiran baay'ee xiqqoodha.

Tajaajiloonni talaallii uummataa iddoowwan kanneen keessatti jiraachuu dhiisuu ykn argachuudhaf ulfaataa ta'u malu. Tajaajilli talaallii namoota manaa bahuu hin dandeenyef kennaman yeroo baay'ee ji'oogiraafii fi iddoowwan fagoo gahuun ulfaataa ta'an keessa yeroo jiraatan rakkoowwan gahiinsa quunnamuu danda'an hambisa.

Tajaajiloonni talaallii sosocho'an talaallii lubbuu bararu namootaf kallattiidhan mana isaanii keessatti kennuuf gargaaru. Tajaajilli kun iddoowwan saaxilama hawaasaa olaanaa qabu jedhamuun beekaman kan wal qixxummaa dhabuu fayyaa ta'uu malu agarsiisu irratti kallattiidhan xiyyeeffannoo kenna. Namooni isteeta Waashington keessatti iddoo fe'e jiraatanillee karaa qo'annootin talaallii fudhachuu gaafachuu ni danda'u.

Tajaajiloonni mana keessatti kennaman biroo talaallii COVID-19 olitti ni argamuu?

Yeroo ammaa kana, gareewwan narsii sosocho'aan kan kennuu danda'an talaallii COVID-19 ittisuu qofa. Talaalliin flu fi tajaajiloonni jiraachuu danda'an biroo akka dhiiga fudhachuu laaboraatoorii jiran yeroo amma kanaa hin jiran.

Tajaajilli garee sosocho'uu uummattoota balaa du'aa fi sababa COVID-19 tin mana yaalaa ciisuu olaanaa qabaniif haqa fayyaa guddisuu gargaaruf ni argama. Maaloo nama har'a talaallii COVID-19 argachuun isa/ishee barbaachisu tokkoof qo'annoo guutuu yaadaa.

Ergan Gaaffii Galchee Booda Maalan Eeguu Danda'a?

DOH torban torbaniin unkawwan gaaffii guurudhan akka gahaniifi tarkaanfiin akka fudhatamu gara abbaa taayitaa fayyaa naannoo jiraattootatti erga. Hojjettonni biiroo fayyaa naannoo garee talaallii kennaa sosocho'aa ni qunnamu. Yoo hojjettoonni fayyaa naannoo talaalliiwwan namoota manaa hin baneef kennaman qindaa'uu hin dandeenye ta'an gargaaruf DOH wajjiin qindaa'u.

Gargaarsi sarara afaan fagoo fedhiiwwan hiikaa afaanii kamiyyuu gargaaruf jira. Yoo biiroon fayyaa uummataa naannoo gargaaru dadhabe, biiroon deeggarsa DOH irraa gaafachuu ni danda'a. Gareen talaallii kennan sosocho'an tajaajila talaallii COVID-19 manatti kennamu bilisa ta'eef sagantaa baasudhaf nama gaafate ni dubbisu.